PROJECT HEALINGS
COVID-19 SERIES - ARTICLE #1

TALAALLIIWWAN MAALI?

Asian Media Access and Spitfire n kan guddate yokiin hojjetamedha

Sababa COVID-19 n kan ka'e namni hundinuu jireenya keenya keessatti jijjiirama finneerra. Sochiin keenya guyyuu guyyuu adda adda. Kunis mana turanii hojjechuu yokiin barachuu, haguugduu afaanii godhachuu, yookiin immoo hiriyootaa fi firoottan irraa fageenya faana 6 fagaachuu ta'a.

Karaan ittiin hawaasa keenya COVID-19 irraa eegnu inni guddaan talaalliidha. Talaallii jechuun farra ittisa dhukkubaa qaama keenyaaf gaachana guddaadha.Farra ittisa dhukkubaa jechuun sirna ittisaa qaama keenya dhukkuba irraa ittisuu fi qaama keenya fayyaatti eegudha. Akkuma yeroo balaa konkolaataan qaqqabu qabattoon konkolaataa miidhaa irraa nu eegu, talaalliinis vaayirasoota kanneen akka COVID-19 akka hin babal'annee fi qaama keenya nagaatti eeguuf fayyada.

Talaalliin sirna ittisa qaama keenyaa leenjisuun ittisa dhukkubaa keenya cimsa, kanaanis dhukkuba ofirraa ittisa. Vaayiresichi yoo nu qabellee, qaamni keenya dafee deebii akka kennu godha. Kunis qaamni keenya hedduu dhukkubaan akka malee akka hin miidhamneefi hospitaala akka hin deemne gargaara.

Qaamni keenya akkamiin dhukkuba ofirraa akka ittisu yoo beeke, inni sun ittisa farra dhukkubaa jedhama. Talaalliin namoota hedduuf ittisa farra dhukkubaa kenna, kana jechuun vaayiresichi salphumatti uummata keessa akka hin babal'anne gargaara. Vaayiresoonni yeroo babal'atan, bifaa fi boca haaraatti jijjiirratu. Talaalliin vaayiresoonni bifaa fi boca haaraa akka hin qabaanneefi, miidhaa caalu akka hin qaqqabsiisne godha.

Talaalliin hawaasni waggoota 100 oliif akka vaayiresii irraa of eegu fayyadeera. Vaayirasoota balaafamoo yeroo ammaa biyya lafaarraa badaa jiran kanneen akka Smallpox, Gifiraa fi Polio fa'aa kan dhabamsiise talaalliidha.Muuxannoo Smallpox fi vaayirasoota kanneen biroo irraa argatanitti fayyadamuun qorattoonni talaallii COVID-19 bu'a qabeessaa fi fayyaalessa ta'e hojjechuu danda'aniiru. Qabiyyeewwanii fi teknooloojiiwwan talaallii COVID-19 f hojiirra oolan saddeeta(waggoota kurnan muraasaa)f qorannoon kan irratti geggeeffamedha.

Dhaabbatoonni sadii(Pfizer, Moderna, and Johnson & Johnson) talaallii COVID-19 bu'a qabeessaa fi fayyaalessa ta'an oomishanii jiru. Qabiyyeewwan talaallicha keessa jiran qabiyyee sooratаa waliin wal fakkaatoodha. Kanneenis mRNA, cooma, sukkaaraa fi ashaboo irraa hojjetaman. Akkuma sooratаa talaalliiwwan kunneenis dalagaa isaanii goolabnaan qaama keessan gadhiisanii deemu. mRNA n moolikiyuulii qajeelfama ittisa dhukkubaa kennu yoo ta'u,qabiyyeen isaas talaalliiwwan Pfizer fi Moderna akka humna godhatanii dalagan taasisa. Moolikiyuulonni miidhaa hin qaqqabsiisne kunneen sirni ittisa dhukkubaa qaama keenyaa COVID-19 ittisuuf akka shaakalan godhuun sirna ittisa dhukkubaa jabaa ijaaru.

	Pfizer-BioNTech	Moderna	Johnson & Johnson
Qabiyyeewwan si'aawoo:	mRNA	mRNA	Baattoo yokiin Vector (cittuu vaayirasii si'awaa hin ta'iin sirni ittisa qaama keenyaa akka of ijaaru gargaaru)
Umurii:	5+	18+	18+
Hanga yokiin Doses:	yokiin darbattuu 2 ol	yokiin darbattuu 2 ol	yokiin darbattuu 1 ol
Bu'a qabeessummaa:	95%	95%	67%

Tokko tokkoon talaalliiwwanii bu'a qabeessummaa fi fayyaalessummaa isaanii mirkaneessuuf waqtiilee qorannoo of eeggannoo 3 keessa taraniiru. Tokko tokkoon talaalliiwwaniis mirkaneessa 2 argataniiru. Mirkaneessi tokko Abbaa Taayitaa Bulchiinsa Sooratаa fi Qorichootaa (FDA) irraa yoo ta'u kunis Waajjira mootummaa qorichoonni fayyaalessa ta'uu isaanii mirkaneessuuf aangoo qabu dha. Tokkichi hafe immoo koree gorsituu dhimma sirna ittisa qaamaa yokiin Committee on Immunization Practice irraati. Jarreen kun ogeessota bilchaatoo dhimma fayyaa fi qorichaa kanneen itti fayyadama talaallii fayyaalessaaf qajeelfama baasanidha.

Erga talaalliiwwan kunneen mirkaneessa argatanii jechuun baatii Mudde, bara 2020 irraa kaasee United States keessatti qofa lammiileen miiliyoona 255 ol talaalliiwwan kanneen fudhataniiru. Sababa kanaafi yeroo ammaa mana barnootaa fi bakka hojiitti deebi'uun naga qabeessa kan ta'eef. Kanneen jaallannu waliin qaamaan wal arguu kan dandeenyes kanaafidha. Talaallii argachuun salphaa fi kaffaltii irraa bilisa. Wiirtuuleen tajaajila fayyaa, dukkaanni qorichaa ykn Kilinikoonni naannoo keessan jiran kaffaltii tokko malee talaallii isiniif dhiheessu. Talaalamuu barbaannaan waraqaa eenyummeessaa yookiin inshuraansii fayyaa hin gaafatamtan.

Erga lilmee talaallii fudhattanii dhukkubbii xiqqoon isinitti dhagaahamuuun waanuma jirudha. Dhukkubbii irree,mata bowwuu, dadhabbii,dhukkubbii maashaalee,qorra, ho'ina qaamaa, ol ol jechuun isin muudachuu mala. Kunis talaallichi dalagaatti jiraachuu isaaf agarsiistuudha. Qaamni keessan akkamiin COVID-19 akka ofirraa dhorku shaakalaa jira.

COVID-19 n keessumaa namoota umuriin isaanii achi siqee fi namoota dhukkuboota biroo qabanitti ni hammaata. Qaamni isaanii akka gaariitti vaayiresoota ofirraa hin qolatu. Talaalliin egaa namoonni akkasii vaayireesicha irraa bilisa akka ta'an gargaara. Namoota umuriin achi siqan yokiin dhukkuba biroo qaban maatii keessaa yoo qabaattan dafaa talaalchisaa, maatii keessanii fi mataa keessan dhukkubicha irraa baraaraa.

COVID-19 waggoota lamaan darban kana sodaachisoo fi wal xaxoo godhee jira. Isin garuu waa'ee talaallii sirriitti baruun fayyaa keessanii fi kan hawaasa keessanii to'achuu dandeessu. Dooktoroonnii fi narsoonni gaaffii keessan deebisuu fi yaaddoowwan keessan salphisuuf qophiidha. Kanaafuu,gaaffii gaafachuu itti fufaa,miseensa maatii fi hiriyyoota keessan waliin marii dhimma muuxannoo talaallii irratti jiru cimsaa. Kunis talaalliin isinii fi hawaasa keessaniif gaarii ta'uu isaa murteessuuf isin fayyada.